



Moammara Biyyoolessaa Kibbanaa
Oromiyaatti Biuroo Barnootaa
Bultii Addaa fi MBA
Hog. Fi Hor. Manneen Barnoota
Bultii Addaa fi MBA

Lakk. BBO/4-2G/ 2723/01/35

Guyyaa 12/01/2018



Biuroo Barnootaa Oromiyaatiif

Finfinnee

Dhimmi: - Beeksisa Qacarrii Barsiisota MBBAf baasuu Ilaala.

Akkuma oliitti ibsamuuf yaalame Manneen barnootaa Bultii Addaa Sad. 2ffaa 7'n BBO'n bulan barattoota bara baraan kutaa 9ffaa haaraa waan simataniif hanqina barsiisaa qaban irratti fedhii barsiisaa barbaadan dhiyyeeffataniin baajanni gama kutaa karoora Biuroo keenyaan qabameefii jira.

Kanaafuu Daayirektoreetiin Hordoffii MBBAfi MBA hanqina barsiisoota MBBA nu gaafatan bakka baajanni qabamee jiru irratti hundaa'uun Manneen Barnootaa Bultii Addaa BBO'n bulaniif beeksisa waraqaa fuula shan kan qabu bahe galmeen isaa MBBA 7'n keessattifi Kutaa Daay/Hord. MBBAfiMBA BBO ta'ee calalliifi qormanni isaa sadarkaa Biirootti qindeessummaa Daayiretoreetii Hordoffii MBBAfi MBA 'n akka raawwatu ni gaafanna.

Nagaa Wajjin!


Siyyum Kabbadaa Bashaa
Daayirektera Daayirektoreetii
Hog. Fi Hor. Manneen Barnoota
Bultii Addaa fi MBA

G/G

Daay/ Hordoffii MBBAfi MBA tiif

BBO



Guyyaa 12/01/2018

Beeksisa Qacarrii Barsiisaa MBIBBA Sadarkaa 2^{ffaa}

Biiroo Barnootaa Oromiyaa Mana Barumsaa Ifa Boruu Bultii Addaa **Sad. 2^{ffaa}** Waliin ta'uun namoota ulaagaa guutanii hojii baruufi barsiisuu irra jiran waldorgomsiisee MBIBBA Sad. 2^{ffaa} ramaduu barbaada. Kanaafuu namootni ulaagaa armaan gadii guuttan dorgomuu kan dandeessan ta'uu ibsaa;

Pirofaayilaafi Ulaagaalee Qacarrii Barsiisotaa:-

- A. Ogummaa Barsiisummaafi hoggansa daree barnootaa qabaachuu.
- B. Dandeettii barattootaa barnootaaf kakaasuufi sissi'eessuu qabaachuu
- C. Muuxannoo hojii barsiisummaa manneen barnoota Sadarkaa 2^{ffaa} waggaa shaniifi isaa olqabaachuu
- D. Seen- duubee hojii gaariifi faayila qulqulluu ta'e qabaachuufi hanqina naamusaafi araadaa adda addaa irraa bilisa ta'uu
- E. Bu'aa qabeessummaa hojiifi gumaacha mana barumsaa keessatti taasiseef raga qabatamaafi naamusa gaarii qabaachuusaa mana barumsaafi waajjira barnootaarraa dhiyeessuu kan danda'u/eessu.
- F. Dandeettii Afaan Oromoofi Afaan Ingilizii (dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu) olaanaa qabaachuu
- G. Naamusa ogummaa, Waliigalteen hojjechuu, kabaja sonaafi aadaa oromoo qabaachuu.
- H. Dandeettii bu'uura kompiitaraa (Basic Coputer Skills) qabaachuu.
- I. Dorgomtoonni sadarkaa barnootaa digirii jalqabaafi isaa ol kan qaban ta'ee qabxii waliigalaa (CGPA) digirii jalqabaatiif dhiiraaf 3.00 fi dubartootaa 2.75, digirii 2^{ffaa} tiif dhiiraaf 3.4 fi dubartootaa 3.25, qabxii qorannoo (research) isaanii gaarii (good) fi isaa ol kan qaban.
- J. Gosti barnootaa digirii duraafi digirii 2^{ffaa} hariiroo olee kan qabu ta'uu qaba. (digirii 1^{ffaa} fi digirii 2^{ffaa} tokko ta'uu qaba).
- K. Qabxii madaallii raawwii hojii waggoota walittii aananiin(kan dhiyoo) 90 ol kan qabu/du
- L. Barsiisoonni qorumsa eeyyama ogummaa darban ni jajjabeeffamu.
- M. MBBA **Sad. 2^{ffaa} 7'n** keessaa bakka itti ramadameetti deemee hojjechuuf fedhii kan qabu.



Baay'ina Barsiisoota Qacarriif Barbaachiisan:-

T/L	Gosa Barnootaa	MBBA				
		Amboo	Baddallee	Dodolaa	Nagallee	Sad. Barn.
1	English	0	0	3	0	MA(2 nd degree)
2	Keemistirii	0	0	1	0	MSc(2 nd degree)
3	Baayoloojii	0	0	0	1	MSc (2 nd degree)
4	Ikonomiksii	1	0	1	1	MA(2 nd degree)
5	Area Study	0	0	1	1	MA(2 nd degree)
6	ICT Lab.	1	0	0	0	Degree fi ol
7	Tek. Fiiziksii Lab	0	0	1	0	Dippiloomaafi isaa ol
Ida'ama		2	0	7	3	

Hubachiisa

1. Guyyaan galmee : **12/01/2018** hanga **21/01/2018**(guyyoota hojiitti)
2. Miindaan: Miindaa isaa yeroo ammaa isaanii kaffalamaa kan jiru ta'ee, 'top-up' fi faayidaalee MBIBBA tiif eeyyamame kan dabalatu ta'a.
3. Iddoon galmee: MBBA 7'n hunda keessattifi Biiroo Barnoota Oromiyaatti Daayirektoreetii Hordoffii MBBA fi MBA
4. Guyyaafi iddoo qorumsaa: warra calallii darbaniif teelegiraamaafi bilbilaan ni beeksifama.

Ragaalee Galmaa'uuf Barbaachiisan:-

- I. Sartifikeettiifi ragaa barnootaa (student copy) digirii duraafi digirii ^{2ffaa} koppii tokko tokko orijinaaliin; orijinaalli footoo koppiisaa waliin walbira qabamee erga ilaalamee booda, yeroo galmeetti yeruma sana kan deebi'u ta'a.
- II. Ragaa bara qacarrii, bara tajaajilaa, muuxannoo hojii mana barumsaa sad. ^{2ffaa} qabxii madaallii hojii waggaa lamaa (kan yeroo dhiyoo) ibsu waraqaa tokkorraatti dhiyyaachuu qaba.
- III. Waraqaa raga naamusaa gaarii qabaachuu kan ibsu koppii tokko.
- IV. Waraqaa raga eeyyama barsiisummaa kan ibsu koppii tokko.
- V. Sartifikeettii leenjii kompiitaraa qabaachuu kan ibsu koppii tokko



BEEKSISA QAXARRII KONTIRAATAA BARSIIISOTA AFAANOOTA BIYYA ALAA

Biiron Barnoota Oromiyaa Manneen Barnoota Ifa Boruu Bultii Addaa Sad. 2ffaa hundeessuun bara 2014 irraa eegalee hojii baruu-barsiiisuu milkaa'aa geggeessaa jiru keessatti afaanotni biyya alaa kanneen akka Afaan Faransaay, Afaan Chaayinaafi Afaan Arabaa filannoo barataa bu'uura godhachuun akka gosa barnoota tokkootti kennamaa jiraachuun ni beekama.

Haata'u malee barsiisota kana dura afaan biyya alaa irratti kontiraataan qaxaramanii hojjechaa turan keessaa muraasni rakkoo dhuunfaan waan gadhiisaniif bakka isaaniifi bakka hanqina qabaniitti kontitaataan qaxaruun barbaachisaa ta'ee argameera.

Barsiisaa Afaanii Barbaadamuufi Bakka Hojii

T/L	Gosa Afaanii Barbaadamu	MBBAfi Baay'ina barbaadamu						
		Amboo	Najjoo	Haram.	Nagallee	Dodolaa	Yaaballoo	Baddallee
1	Arabic	0	1	0	0	1	0	1
2	French	0	1	1	1	1	0	1
3	Chines	1	1	1	0	1	1	1
Ida'ama		1	3	3	1	3	3	3

Gahee Hojii

- Barsiisonni kun barattoota kutaa 9ffaa hanga 12ffaa kan barsiisan ta'u ;
- Barsiisonni kun barattoota ogummaa afaanichaana sadarkichi barbaaduuf qopheessuuf ittigaafatamummaa fi dirqama in qabaatu.

Ogummaa Barbaadamu**1. Ogummaa Afaanii**

- Afaanicha barsiisuun dandeettiiwwan afaanii afran kan qabu;
- Afaanota kanaan barsiisuu danda'uu isaa/isheef ragaa dhiyeeffachuu kan danda'u/dandeessu;



2. Dandeettii Ogummaa Barsiisummaa

- Dandeettii waliigaltee/communicative skill kan qabu/du ;
- Barannoo bocuu fi karoorsuu kan danda’u/dandeessu ;
- Ogummaa Hoggansa Daree Barnootaa kan qabu/qabdu ;
- Dandeettii garee fi dhuunfaan hojjechuu kan qabu/qabdu ;
- Naamusa ogummaa barsiisummaa kan gonfate/gonfatte.

Sadarkaa Barnootaa

- Afaan Chaayinaan/Afaan Faransaayiin/Afaan Arabic Akaakuu barsiisummaa yookiin “Education” kamiinuu yoo xiqqate Digrii Jalqabaa kan qabu/du
- Gahumsa Afaan Chaayinaan gulantaa HSK-3 fi isaa ol kan qabu/du ; Afaan Faransaay ilaalchisee yoo digiriin isaa/ishee Afaan Faransaay ta’e gahumsi afaanichaa B1 fi sanii ol ; digiriin isaa/ishee gosa barnoota biroo yoo ta’e gahumsa afaanichaa B2 fi sanii ol kan qabu/qabdu, Gahumsa Afaan Arabic- Afaan Arabic dhaan digiriifi sanii ol kan qabu

Muuxannoo Hojii

- Muuxannoo hojii kan qabu ni filatama.

Mindaa fi Faayidaalee Biroo

- Mindaan ji’aa waliigalteedhaan ta’a.
- Faayidaalee dabalataa biroo ni qaba

Yeroo Kontiraataa

- Waggaa tokkoof ta’ee haaromfamuu kan danda’u

Iyyattootni CV keessan, xalayaa deeggarsaa fi ragaalee barnootaa keessan qabachuun - Biiroo Barnoota Oromiyaatti Daayirektoreetii MBBAfi MBAfi MBBA 7’n tti qaamaan dhiyaachuun galmaa’uu dandeessu.

Yeroo Galmee

Guyyaa beeksifni kun qilleensa irra oole **12/01/2018** irraa eegalee guyyoota hojii kudhaniif ta’a.

Bakka Galmee- MBBA hunda 7’n keessattifi Biiroo Barnoota Oromiyaatti Daayirektoreetii Hordoffii MBBAfi MBA

